# RAINIER BEACH: A BEAUTIFUL SAFE PLACE FOR YOUTH (DARGAGGOOTAAF IDDOO BASHANNANAA BAREEDAA)

KEESSA DEEBII PIROOJAKTII FI GAMAGGAMAA

Charlotte Gill, Zoe Vitter, and David Weisburd

Center for Evidence-Based Crime Policy, Department of Criminology, Law & Society, George Mason University (George Mason Univarsity, Law & Society, Kutaa Barnoota Criminology, Giddu gala Yakka poolisii Ragaa irratti hundaa'e)

## RAINIER BEACH JECHUUN MAAL JECHUU DHA: A BEAUTIFUL SAFE PLACE FOR YOUTH?

Rainier Beach: A Beautiful Safe Place for Youth (ABSPY) hawwaasa kalaqaan gaggeeffamesi'aayinaa jeequumsa hir'isu iddoo irratti hundaa'ee dha.Kaayyoon sagantaa kanaa miidhamaa fi yakka dargaggootaa naannoo ollaa Rainier Beach keessatti raawwatamu hir'isuudhafi. Moggaasni sagantaa kanaa kan bahuu danda'e karoora haareessuu hawwaasa ollaa Rainier Beach keessa jiranin. ABSPY ollaa daandii bilookii gareewwan xixiqqaa —"hot spots" (Dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan)—kunis yakki dargaggootaa hunduu bara 2012 keessa Rainier Beach keessatti raawwatee dha. Dimmamtoonni (hot spots) shanan Rose Street, Rainier and Henderson, Rainier Beach Light Rail Station, Lake Washington, and Our Safe Way (Daandii Rose, Rainier fi Henderson, Buufata daandii baaburaa salphaa Rainier Beach, Hara Washington, fi daandii mijataa keenya) dha.

## SEENSA PIROOJAKTII

ABSPY qo'annaa fi qorannaa hedduu irratti kan hundaa'e ta'ee, kuni tokko Seattle irraa kan dabalatu David Weisburd fi maamiltoota hojjii isaa waliini, yakkoonni walakkaan hedduun jiraattotta daandii irraa lakkoofsaan xiqqoo ta'aniin keessumattuu 5 kan raawwatuu dha. Yakki dargaggootaan wal qabatee ta'u iddoowwan muraasa irraa yoo ta'u, sababbiin isaas dargaggoonni keessumattuu yeroo isaanii kan dabarsan kanneen akka mana barnootaa, paarkilee, fi iddoowwan hawwaasatti waan ta'eef yakki naannoowwan kanneeniitti ol'aanaa dha. Qo'annaan akka agarsiisutti naannoowwan xiyyeeffannaa barbaadanitti hedduumminaani fi reebudhaan yakka hir'isuudhaaf ifaajjiin taasisan bu'a qabeessa dha. Yaa ta'u malee, hidhaa fi hordoffiidhaan dargaggoota rakkoo qaban deebisanii to'annaa jala olchudhaaf carraa ni dabala. Kana irraa kan ka'e ABSPY, yakka hir'isuudhaaf tooftaa to'annaa hidhaa irratti osoo hin hundaa'in bulchiinsa hawwaasaa ijaaruu fi dandeettii rakkinoota furuudhaaf gargaaranii fi rakkinoota naannoo hambisuudhaan yakki qulqullina hawwaasaa akka eeggamuuf gargaara.

## BULCHIINSAA FI DEEGGARSA PIROOJAKTII

ABSPY hojjii kan eegale sababbii bara 2012 deeggarsa miiliyoona $1 million Byrne Criminal Justice Innovation Program (Sagantaa kalaqa yakkaa haqaa Byrne), deeggaraa U.S. Department of Justice's Bureau of Justice (Qajeelcha biiroo haqaa Ameerikaa irraa aeagteeni dha. Byrne Criminal Justice Program (argannaa kalaqa yakkaa haqaa Byrne) magaalota, hawwaasa, fi qo'annaawan hawwaasa, iddoo, ragaa bu'uura godhatan irratti hundaa'udhaan walitti dhufeenya obbolummaa cimsuudhafi. ABSPY Gare Adda Dureemagaalota Seattle, the Seattle Neighborhood Group (Garee Ollaa Seattle), Seattle Police Department (Qajeelcha Poolisii Seattle), the Boys and Girls Club of King County (Kilabii Dhiirotaa fi Shammarran King County), fi Rainier Beach Action Coalition (Qindoomian gocha Rainier Beach) irraa obbolummaa walitti dhufaniin. Yaa ta'u malee ABSPY wanti

adda isa taasisu hawwaasni Rainier Beach mataa isaatiin istiraateejii ragaa qabatamaa irratti hundaa'udhaan olla keessatti ka'uumsa yakka ta'an furuuf gargaara.

### akkinoota Hawwaasaan furaman

Bu'uurri ABSPY Community Task Force (CTF, Guddina Gahee Hawwaasaa) ti, kunis miseensota garee hawwaasaa 100 ol ta'anii hedduummina ollaa Rainier Beach agarsiisanii dha. Deeggarsa magaalaa Seattle's Public Outreach fi giddu lixaa dhimma raawwachiisaa waliin ( Engagement Liaisons), gareen kuni iddoowwan xiyyeeffannaa keessaa filataman ta'anii jiraattota, abbootii qabeenyaa, hojjettoota, barattoota, fi kanneen biroo sanaan walitti hidhata qaban kan hammatee dha. Gareen addaa ABSPY Community Anti-Drug Coalitions of America (CADCA), (Hawwaasa qindaa'aa farra qoricha hadoochu) waliin hojjechudhaan sagantaa leenjii guyyaa tokkoo gaafa October 2013 guddisuudhaaf yoo ta'u, kunis tooftaa CTF rakkinootaaf , furmaata jiru adda basuun muummee fayyaa ummataa irraa toftaa rakkooleehawwaasaa ittiin furan baratteera kunis odeefnnoo naannoo, muuxannoo hawwaasaa, fi ragaa qabatamaa qo'annaa fayyadamuun rakkoolee miidh qaban adda baasuudhas.Leenjiin warkishooppii jahatti kan geggeeffamu ta'ee CTF gareewwan shanitti qoodudhaan—tokko dhimmamtoota tokkoon tokkoof- fi akka tuuta walitti hidhata qabaniin giddu lixan, kunis akka dhimmoota xiyyeeffannaa addaa barbaadanitti lakkaawwamu. Giddu lixummaan kuni qabxiiwwaan afran armaan gadii irratti hundaa'a:

1. Gorsaa fi Caasaa dargaggootaa guddisuu fi dhiyeessuu.
2. Naannoo qabatamaa jijjiiruu.
3. Poolisiiwwanii fi seerota jijjiiruu.
4. Si'aayinaa ollummaa waliigalaa guddisuu “ganda kan jidhu fudhata”.

Miseensonni Hawwaasa warkishooppii CTF seenaa argama yakka dargaggootaa bakka itti argamanitti akka ibsanii fi bu'aa barbaachisuu waliin wal bira qabuudhaan walitti dhufeenya rakkinaa fi iddoowwan adda bahanitti sababa rakkinootaa adda baasuu, ragaa qorannaatiin furmaata qoheessuu, fi bu'aa qabeessummaa tooftaalee tokkoon tokkoo qorachuu. Warkishooppiin yoo raawwatamu giddu lixummaan yaadame hawwaasa Rainier Beach ta'ii wal simannaa qabuun “The Gathering.” (Walitti qabaa) Jedhamuun ta'a.

## GIDDUU LIXUU

Hojjiin garee adda duree fi CTF iddoowwan filataman shananitti dhiibbaa yakka dargaggootaa jiru kallattidhaan fuduudhaaf karoora hojjii irra oolchuu guddisuu fi magaalota karoorfaman fi haawwaasa maamiltootaa irratti ijaaruu dha. Giddu liximmaan karoorfaman karoora keessaa yaadame kamiyyuu iddoowwan xiyyeeffannaa caqafaman afran tokko ykn isaa ol armaan olitti, giddu lixumma biroo waliin wal simsiisuu ykn irratti ijaaruu, fi akkaataa haalota jiran irratti hundaauudhaan wixineen raawwii hojjii irra kan oolu ta'a.

Giddu lixummaan qophaaan hedduun hawwaasa Rainier Beach bifa ollaatiin adda hiruudhaani fi dandeettii walitti dhufeenyaa fi rakkinoota furuu guddisuu dha.Yaadni kuni kan madde argannoo CTF irraa yoo ta'u kunis misoonsonni muraasni waliin qindoomudhaaf ni sodaatu, akkasumas namoota dargaggoota waliin. Ganna bara 14 irraa eegalee ta'iin Corner Greeter lakkoofsaan hedduu ta'an hawwaasa keessatti taasifamee ture, iddoowwan aara itti galfatan jiruu fi hawwaasa walitti qabuudhaaf dhimmoonni xiyyeeffannnaa barbaadan tokkoon tokkotti raawatamee jira, kunis hawwaasa hirmaachisuu fi iddoowwan kanaan dura mijatoo miti jedhaman kakaasufi.Hojjiileen fi ta'iiwwan biroo yeroo piroojaktichaatti hawwaasa keessatti kan adeemsifaman yoo ta'u, hedduun isaanii jalqaba irraa kaasee dargaggootaan kan yaadaman yoo ta'u kunis akka Rainier Beach Action Coalition ti dha.Kaayyoon ollaa fi dargaggoota hirmaachisu kuni yakka hir'isuudhaaf, “rebranding” (barbaaduu) iddoowan kanneen akka iddoo gaarii fi hawwaasa keessatti dargaggootaaf carraa guddisuu fa'aadha.

Hojjiileen biznasii naannawaa xiqqoon Rainier Beach dhaaf giddu galeessa dha. Gartuun giddu lixummaa inni biroo **business engagement (Hojjii Biiznasii irratti bobba'uu)**, daldala waliinii irratti bobba'uu kan jedhuu dha.Kunis gareewwan ollaa Seattle deeggarsa Merchants Association (Waldaa Daldaltootaa), Seattle Police Department (Qajeelcha Poolisii Seattle), and local community and economic development organizations Rainier Beach (Hawwaasa Naannoo fi Guddina Dhaabbilee Diinagdee Rainier Beach)tiin kan qindaa'e dha.Hojji biznasii irratti hirmaachuun kaayyoon isaa hojjii biiznasii naannoo haala isaa barachuu, hojjii biiznasii fi poolisii gidduu hariiroo jiru guddisuu, fi dandeettii abbootiin qabeenyaa yakka itti hir'isanii fi

gabaasan guddisuu. **Crime Prevention Through Environmental Design (CPTED, yakka mala wixinee naannootiin hirsuu)** gidduu lixuu fi qabeenyi kan dhihaatan wixinee, diriirsuu, fi iddoo bulchuu fooyyeessuu dha.

Kaampaasiin Rainier Beach, Rainier fi Henderson jiru, iddoo manneen barnoota afur jiranitti, hawwaasaaf giddu galeessa dha. ABSPY abbootii dhimmaa **Rainier Beach Campus Safety Team (Garee qulqullinaa kaampaasii Rainier Beach)** kan fidee dha, magaalaan kamiyyuu fi manneen barnootaa hawwaasaa Seattle hawwaasa waliin wal ta'uudhaan yaadawwan ijoo tibbanaa kanneen akka qulqullina guddisuu, nannoo hot spots (iddoowwan xiyyeeffannaa) tti hedduummina namoota dargaggoota adeemanii. Kaayyoon ijoon gidduu lixummaa kaampaasii Rainier Beach sagantaa **Safe Passage (Adeemsa gaarii)**, kilabii King County dargaggoota dhiiraa fi shamarraniin adeemsifamuu dha. Gareen Safe Passage eegumsa, to'annaa, fi namoota dargaggoota ta'aniif akkuma mana barnootaatii bahaniin jajjabina laachuu fa'a dhiheessuu dha.T-shartii haalluu cuquliisa ifaa ta'e "Be Safe," (0f-eeggadhaa) jedhu uffachuudhaan, gareen akka deeggartoota dargaggootaa fi fakkeenya gaariitti fayyadu.

## ARGANNOO MADAALUU

Giddu galli Evidence-Based Crime Policy George Mason University (Yunivarsititii Georeg Mason poolisii yakka irratti hundaa'e) keessa jiru yeroo piroojkaktii keessatti qorannaa fi deeggarsa gamaggamaa dhiheessee jira. Hojjii irra oolmaa rakkinichaa hubachuudhaaf , tajaajila poolisiif kan bilbillee fi guyyaa  September 2011 hanga August 2016 iddoowwan tokkoon tokkoo hot spots (Iddoowan xiyyeeffannaa barbaadan) shanan keessatti yakka muudatan gabaasnee jirra. Akkasumas tokkoon tokkoo isaanii hot spot (Iddoowaan Xiyyeeffannaa barbaadan)—biroo Seattle Police Department's South Precinct keessatti argamanii waliin kan wal bira qabnee fi ollaa Rainier Beach keessatti hamma yakka muudatuu guutummaa South Precinct muudatuu waliin wal bira qabuudhaan ilaallee jirra.  . Itti dabalees hot spots (dhimmoota xiyyeeffannaa barbaadan) keessatti fi naannowwan wal bira qabaman irratti qo'annaa hawwaasaa lamaa kan adeemsisnee jirra tokko waqtii gannaa 2014 osoo gidduu lixuun hin eegalinii fi hordoffii ganna bara 2016.

Argannoowwan keenya kana agarsiisu,

- Yeroodha gara yeerootti hots pots xiqqaachaa dhufeera
- Akka waliigalaatti yakki South Precinct hir'ateera akasumas magaalaa kaan irra hamma guddaan jechuudha
- Olloota walii gala yookan South Precinct haala  caaluun yakkawwan seera cabsuu sirriitti hir'achuu isanii hot spots argeera
- Hot spots muraasa keessaatti waamichi bilbila tajaajilaa, ddalagan poolisii, fi muudannoowwan gabaafman dabalaniiru. Kun yaada keessa galchuu isaaniitiif sababa ta'uu baachuu danda'a kun BSPYn galmawwan hawwaasa itti galchuu isaa fi poolisichatti amanuu isaanii akka milkeeffate agrsiisuu danda'a.
- Namoonni heedduun kan yakki baroota darban keessa gadi hir'ate bara 2016 keessa aka dabale amanan hot spots qorannoon irratti taasifameera
- ABSPYn wanata baayee fooyya'aadha garuun ilaalchi namonin anta sirrii hin tanee fi toora dhabe  akkasumas ibsawwan poolisii isaani irratti qababan akka fooyya'u wadaa gala jira

Hir'ina yakkaa irratti ibsa istatistiksiitiin akka walii galaatti hir'iawwan barbaadamu yoo argachuu baanne, sababa argannoo, istiraateejii hawwaasa irrattihundaa'etiif gidu galumsi hanga Waxabajjii bara 2016tti  guutumatt hojii irraaka hin oolfamne hubadhaa. Bu'aa hir'ina yakkaa ilaaluuf yeroo dabalataa fudhachuu ni danda'a. fakkeenyaaf hawwaasa irratti tooftaa furmaata rakkoo hawwaasaa ragaa irratti hundaa'ee seeaan beekamuuttifayyadamuun bu'aawwan gamaggamaa istatistiksiidhaan barbaachisaa ta'e agarsiisuuf waggoota sadi fudhata.

## IFAAJJII ITTI FUUFUU

Iddoo fi hawwaasa jijjiiruun ifaajjii yeroo dheeraati. Bu'aan qorannaa keenyaa jalqaba waadaa seenuu, keessumattuu hirmaannaa hawwaasaa adeemsa rakkinoota furuu keessattii fi wayita raawwiitti fi caasaatti, hojjiin ABSP      kan qohpaa'uu giddu lixummaa abbootii qooda ollaa, kanneen akka hawwaasa hojjii biiznasii fi mananneen barnootaa waliin qindeessuu dha. Rainier Beach itti fuufiinsaan dargaggootaaf iddoo gaarii akka ta'uf  hojjiin hedduu hojjetamu ni jira.Ifaajjiwwan hawwaasa hirmaachisan kanneen akka Corner Greeters initiative (Kaka'uumsa Corner Greeters), business engagement (Hirmaannaa Hojjii

Biiznasii), fi Safe Passage (Daandii gaarii) hanga ammaatti iddoo hot spots (Iddoowwan xiyyeeffannaa barbaadan) fi fooyyeeffama iskeeliiguddaa CPTED gadi dhiifama daandii irraa gama qabeenya hawwaasaan bara 2017 jalqaba irratti adeemsifamuun kan to’atamu ta’a. ABSPY jijjiirrama gaariidhaaf dandeettii guddisuuf milaaadhaa fi kana irraa kan ka’e hawwaasni fi gareen adda dureen bara 2015 deeggarsa magaalaa Seattle irraa bara 2016 argachuudhaaf walitti qabamanii jiru. Magaalichi amma bara 2018 guutuu ABPSYtiif gargaarsa fandii tasiseera. Dabalataanis ABSPY gama gargaarsa tolaa argachuutiin kan itti fuufee fi dhaabbilee hedduu qooda fudhatan waliin wal simu. Milkaa’inni keenya jalqabaa baajata biroo argachuu fi qoannaadhaaf carraa bane jira., kanneen akka Dhaabbata Haqaa Biyyoolessaa Haaraa Doolaara Ameerikaa miiliyoona 3.8 Kaampaasii Rainier Beach giddu lixummaa gaarii fi deeggarsaa fi hojjii haqaa barsiisudhaaf kan kennameeni fi hawwaasa bal’aadhaaf. Akkasumas dandeettii isaanii hot spots (iddoowwan xiyyeeffannaa barbaadan) adda baasuu fi rakkinoota furuudhaaf hawwaasa waliin hojjechuu guddisuuf Seattle Police Department (Qajeelfama poolisii Seattle) waliin ta’uudhaan hojjiin hojjetamee jira. ABSPY hawwaasa Rainier Beach keessatti roogan kan hundeeffamee fi gareen gara fuula duraatti hanqinootaa fi faayidaalee muudatan hordofaa jira.